



Dubartootaafi Gahee Isaanii Qoosaa Oromoo Maccaa Keessatti

Tewodros Addunyaa^{1*}, Birihaanuu Baqqalaa^{2*}, Fiqaaduu Qana'aa^{3*}

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Qorannoon kun mataduree “Dubartootaafi Gahee Isaanii Qoosaa Oromoo Maccaa Keessatti” jedhu irratti gaggeeffame. Kaayyoon qorannichaa gahee dubartootaa qoosaa Oromoo Maccaa keessatti xiinxaluudha. Qorannicha beeduubbee hiikaa (interpretivism paradigm) bu'uureffachuun gaggeeffame. Saxaxa qorannicha keessatti dhimma ba'ame saxaxa sanyaabsaadha. Gosti qorannichaa akkamtaa ta'ee, ragaalee barbaachisan madda ragaa tokkoffaarraa walitti qabaman. Ragaalee walitti qabuuf iddattoota godinoota lama keessaa aanaalee tokko tokko mala iddatteessuu akkayyootiin filatame. Ragaaleen afgaaffiifi marii garee xiyyeeffatamaan walitti qabamani. Ragaaleen walitti qabaman mala xiinxala ergaan xiinxalamani. Xiinxala taasisame bu'uura taasifachuun yaadoleen adda baafamanis, dubartoonni gahee walhormaataa keessatti bal'inaan hirmaataniyyuu gahee murtoo kennuun garuu gahee muraasa qabu. Gahee walhormaataa kanneen jedhaman: gahee dhaloota fufsiisuu, gahee daa'imman guddisuufi gahee maatii kunuunsuu, akkasumas, gahee hojii mana keessaa keessatti shoora olaanaa qabaachuun isaanii adda ba'ee jira. Gama biraan, murtoowwan gurguddoofi xixiqqoo kennuu walqabatee gaheen isaanii daangeffamaa ta'uutu mul'ate. Keessumaa murtoowwan gurguddaa murteessuu irratti gaheen isaanii xiqqaadha. Gahee walhormaataa keessatti hirmaanaa olaanaa qabaatanii gahee murtoo kennuu keessatti gahee muraasa qabaachuun isaanii jiruufi jireenya isaanii irratti dhiibbaa geessisuurra darbee humna isaanii qisaasessuu fakkaata. Kanaafuu, gahee walhormaataa keessatti qooda guddaa akkuma qaban murteewwan gurguddoos ta'e xixiqqoo murteessuu keessatti utuu bali'inaan hirmaatanii gaarii ta'a.</i></p>	<p>Article History: Received: 31-03-2025 Revised: 29-04-2024 Accepted: 30-05-2025</p> <p>Jechoota Ijoo: qoosaa, gahee dubartootaa, gahee walhormaataa, gahee murtoo</p> <p>*Qorataa Muummee: Tewodros Addunyaa</p> <p>E-mail: tewodros540@gmail.com</p>

1. Seensa

Afoolli gooroowwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, waan gareen hawaasaa tokko waliin qooddatan kanneen akka: aadaa, amantaa, siyaasa, dinagdee, guddina, afaan, safuu, duudhaafi warren kana fakkataan of keessatti hammaata. Ndungo (2006) afoolli jireenyaafi yaada uummataa ibsuufi bocuu danda'a. Akkasumas, falaasamaafi duudhaa abbaa afoola sanaa calaqqisiisuuf humna cimaa qaba. Kunis, afaaniin dhalootaa dhalootatti sababa darbuuf waan hawaasa sana keessatti dubbatamu, mul'atuufi amanamu bifa salphaa ta'een waliin ga'uuf gumaacha guddaa qaba. Keessumaa, haala hawaasichi dhiirotaafi dubartoota itti hubatu ibsuuf ga'een afoolaa olaanaadha (Ndungo (2006). Afoolli dameewwan garagaraa qaba. Dameewwan isaa keessaa tokko qoosaadha.

Qoosaa ilaalchisee hiikni dhaabbataa nama hunda biratti fudhatama qabu hanga ammaatti hinarganne. Sababni isaa, qoosaan: (a) dhimmoota walxaxoo ta'an miira, yaadsammuu, namummaafi hawaasummaa of keessatti hammachuu, (b) qorattooni dirree ogummaa isaani waliin walqabsiisuun hiikuufi qooduu yaaluu, (c) addunyaa dhugaa keessa utuu hintaane sammuu namaa keessa jiraachuu, (d) hiikniifi ramaddiin isaa nama dhuunfaa irratti hundaa'uu, (e) jechoonni bakka buufamanii ittiin ibsaman danachuufi

dhaaba dhabuu, (f) gosoota isaa murteessanii ibsuun dadhabamuu, (g) aadaa hawaasaa irratti hundaa'uum hiikni kennamuu, (g) hiikniifi miirri kofalchiisuu (gammachiisuu): muuxannoo, miira, haalaafi yeroo namni dhaggeeffatu, daawwatu yookaan dubbisu irratti hundaa'uu isaati (Plester, 2016).

Hiikni dhaabbataa hunda waliif galchu dhabamus, qoosaan wanta nama kofalchiisaa yookaan seeqsisaa ergaa dabarsudha (Martin, 2007; Eshete, 2008). Kunis, bifa garagaraan kan dhiyaatuufi muuxannoo hawaasaa irraa kan adda hinbaane, abbeentaa beekamaa kan hinqabneefi dhalootaa dhalootatti kan daddarbuufi humna nama kofalchiisuu danda'u kan qabudha (Hetzron, 1991). Itti yaadamee yookaan utuu itti hinyaadamiin (tasa) uumamee nama gammachiisuu, dinqisiisuufi kofalchiisuu danda'a. Haalli itti dhiyaatee nama kofalchiisus: dubbatamuun (seenessa, waliin dubbii, sirba, afwalaloo, himtokkee, arrabsoofi kanneen kana fakkaatan) yookaan haala hindubbatamneen (gochaan, ibsa qaamaan, barreeffamaan yookaan fakkiidhaan) ta'uu mala (Alharthi, 2016; Plester, 2016).

Qoosaan tokko qoosaa ta'uu isaa agarsiisuuf ulaagaaleen garagaraa nidhiyaatu. Ulaagaalee kanneen keessaa tokko haala dubbataan itti dhiyeessuufi dhaggeeffataan itti hubatu irratti hundaa'uu isaati (Masowa, 2016). Kan biraan, Freud (1905) damee qoosaa keessaa tokko kan

ta'e baacoon dubbatamaa (*spoken joke*) qoosaa jedhamuuf adeemsa hawaasummaa sadii of keessaatti qabachuu qaba. Isaanis: dubbataa/-tuu baacoo, jamaafi qaama baacoon sun fuulleffatee baacamudha. Akkasumas, Nilsen (1994) qoosaan tokko amaloota arfan armaan gadii guutee yoo argame qoosaa jedhama. 1) nama dubbatu/-ttu (subject) 2) haala itti dubbatame (tone) 3) kaayyoo dubbatameefi 4) haala dubbataa/-ttuufi jamaadha. Walumaagalatti, qoosaan tokko qoosaa jedhamuuf qaama qoosaa sana qoosu (afaaniffaan, barreeffamaan, sochiin, fakkiin, ogbocaafi kanneen kana fakkaatan), sababa itti qoosamu, haala itti qoosamuufi jamaa (kanneen qoosaa sana dhaggeeffatan, daawwatan, dubbisaniifi kanneen kana fakkaatan) of keessatti hammachuu qaba.

Qoosaan gosoota adda addaa qaba. Qooddii isaa ulaagaalee adda addaa irratti hundaa'uun gaggeessuun nidanda'ama. Isaan keessaa haalli dhiyaannaafi galumsi yookaan qabiyyeen warreen ijoodha (Masowa, 2016). Haala dhiyaannaa isaanii irratti hundaa'uun: qoosaa saalquunnamtii, qoosaa bushaa'aa, qoosaa dheekkamsaa, qoosaa safuu, qoosaa barsiisuufi qoosaa gaddisiisaadha. Qabiyyeedhaan immoo: baacoo/ baacoo qindaawaa, qoosaa taphjechaa, qoosaa habalakaa, qoosaa dhugaaleessaa, qoosaa akkeessuu, qoosaa anyaarsee, qoosaa busheessuu, qoosaa

dogoggora dubbii, qoosaa gadbuusuufi of salphisuu, qoosaa qareessaa, qoosaa arrabsoo, qoosaa aarsuufi qoosaa battalaa kanneen jedhamanidha.

Qoosaan nama bashannansiisuutti dabalee dhimmoota hawaasaa ibsuu keessatti gahee qaba (Masowa, 2016). Dhimmoota hawaasaa keessaa gahee dubartootni jiruufi jireenya keessatti qaban ibsuu nidanda'a. Dubartoonni yeroo baay'ee hojiiwwan adda addaa yeroo tokkotti hojjetu. Sababni isaas, damee walhormaataa, oomishtummaa, hawaasummaafi siyaasaa keessatti gahee dachaan raawwachuu qabu jedhamee amanama. Gahee dubartoonni qaban ilaalchisee yaadonni garagaraa nika'u. Isaan keessaa dubartoonni jireenya hawaasummaa keessatti gahee walhormaataa akka qaban ibsama (GLOPP / ILO, 2008; Fajarwatia & kaawwan, 2015).

Gaheen walhormaataa yeroo ka'u hojiilee hawaasa keessatti akka dalagaatti hinilaalamnetu mul'ata. Hojiileen kunneen hawaasa keessatti gatiin olaanaan itti hinkennamiin malee dadhabsiisoofti humna jabaa kanneen barbaadanidha. Sikod (2006) hojiileen kunniin yeroo baay'ee hojii lubbuun jiraachuu dhala namaa, kununsaafi dhaloota itti fufsiisuuf murteessaa ta'uun ilaalamanidha. Gaheen walhormaataa gahee itti gaafatamummaa fufiinsa maatii ilaalchisee ijoollee horachuu, ijoollee guddisuu, maatii

kunuunsuufi hojii mana keessaa hojjechuun jireenya maatii tarkaanfachiisuu waliin walqabata. Kunis ijoolee da'uu, ijoolee kunuunsuu, nyaata bilcheessu, bishaan waraabuu, uffata miicuu, manaafi naannoo qulqulleessuufi kanneen kana fakkaatan of keessatti hammata (Berhanu, 2015; Fajarwati & kaawwan, 2016). Walhormaanni ijoolee godhachuu gahee akka da'imman da'uufi ijoolee jireenya hawaasummaatiin guddisuufi kunuunsuu of keessatti hammata. Gahee hojii mana keessaa yookaan guyyaa guyyaa kunuunsa manaa kanneen akka nyaata bilcheessuu, qoraan funaanuu, bishaan waraabuu, nyaata qopheessuu, manaafi naannoo jireenyaa qulqulleessuu, uffata miicuufi kanneen kana fakkaatan of keessatti qabata.

Gahee dubartootaa keessaa inni biraan gahee murtoo kennuudha. Gahee murtoo kennuu jechuun adeemsa namni dhuunfaa, gareen yookaan jaarmiyaan dhimma tokko irratti tarkaanfiiwwan gara fuula duraatti fudhatamuu qaban irratti kaayyoofi daangaa kennameef keessatti gochaa raawwatamudha (Paul & Russo, 2017). Murtoo kennuu jechuun adeemsa waan barbaachisaa ta'e tokko filachuun irratti tarkaanfii fudhachuudha. Murtoon wanta namni tokko dhimmoota barbaachisoo ta'an irratti erga yaadeefi wanta hundarra gaarii ta'e filatee booda murteessudha. Namni tokko wanta tokko irratti

sagalee dhiibbaa uumuu yoo qabaate aangoo murtee kennuu qaba jedhama. Yeroo baay'ee gahee murtee kennuu taphachuun agarsiiftuu sadarkaa hawaasa tokkoo ta'ee fudhatama. Kanarraa ka'uun, murtoo kennuun walqabatee hawaasa hunda keessatti hirmaannaan dhiirotaafi dubartootaa wal qixa akka hintaane himama.

Murtoo kennuun akka qaama jireenya nama tokkootti ilaalama. Namoonni jireenya isaanii keessatti guyyaa guyyaan murtoo kennan qabu. Murtoon kennamu haala lamaan ta'uu danda'a: murtoo gurguddaafi murtoo xixiqqaa (Kapur, 2019). Murtoowwan gurguddoo kanneen jedhaman jireenya namoota dhuunfaa irratti dhiibbaa guddaa warreen qaban: barnoota, hojii, mana jireenyaa, qabeenya, dinagdeefi kanneen kana fakkaatan waliin walqabatan ta'uu danda'u. Gama biraatiin, murtoowwan xixiqqaan wantoota salphaa ta'aniifi jireenya namoota dhuunfaa irratti dhiibbaa guddaa hinqabnedha. Fakkeenyaaf, dubartoonni gosa nyaataa ciree, laaqana, ebellesoofi dhiyaana irratti nyaatamuu qabu, meeshaa nyaanni itti qohaa'u yookaan dhiyaatu, uffata akkamii uffachuu akka qaban, yeroo gabaa deemaniifi kanneen kana fakkaatan murtoo xixiqqoo jalatti ramadamuu danda'u. Namoonni murtoo gurguddaa yoo murteessan yaadaaf namoota biroo mariisisuu

danda’u; garuu murtoowwan xixiqqaa yoo ta’an namoota mariisisuuf hindirqaman.

Raju (2021) dubartoonni itti gaafatamummaa mana keessaan walqabatee adeemsa murtii kennuu gama addaaddaatiin hirmaachuu danda’u. Kunniinis, dhimmoota galiifi baasii irratti hirmaachuu, kabaja ayyaanotaa, sirnootaafi misooma hawaasaadha. Akkasumallee, hojii manaa kanneen akka mana qulqulleessuu, uffata miicuu, nyaata qopheessuu, kaffaltii kaffaluu, bittaa meeshaalee, kunuunsa fayyaa, kunuunsa obbolaafi maanguddootaa irratti murtoo gurguddoo kennuu danda’u.

Adeemsa murtii kennuu keessatti dubartoonni kanneen hinhirmaanne ta’anii carraafi faayidaan hawaasa keessatti argamu dhiirotaan dhuunfatama. Hirmaannaan dubartoonni sochii hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa keessatti qaban ilaalcha abbaa warraa, abbaa, maatiifi firoota dhiiraa irratti hundaa’a (UNDP, 2003). Kana jechuun, dubartoonni dhimma kam irrattuu murtoo kennuu daangeffamoodha jechuudha. Yaada kanaaf sababa kan ta’u ilaalcha hawaasni irraa ijaaramedha. Hawaasni dhiirota waan hundaa gochuufi to’achuu akka danda’anitti boca. Boci akkasii gahee dubartoonni murtoon walqabatee jireenya isaanii keessatti qaban dhoksuun kanneen dhiirotaa baasee mul’isa.

2. Ka’umsa Qorannichaa

Afoola keessatti qorannooleen addaddaa dubartootaan walqabatan hedduun gaggeeffamanii jiru. Keessumaayyu, gahee isaan hawaasa keessatti qabaniin walqabatee qorannooleen gaggeeffaman baay’eedha. Isaan keessaa makmaaksa: Aychu & Lenin (2019), Dereje (2019), Solomon (2015), Ndungo (1998) & Lee (2015); Oduu durii: Tadesse (2019) & Ashenafi & Sena (2017); oduun duriifi makmaaksa: Berhanu (2015) keessatti gahee dubartoonni qaban haala garagaraan ibsanii jiru.

Haata’u malee, gahee walhormaataafi murtoo kennuu addatti baasuun qoosaa keessatti kan xiinxale waan mul’atu hinfakkaatu. Addattimmoo qoosaa Oromoo Maccaa keessatti gaheen isaanii haala kamiin akka ibsame qaamni qorate hinmul’atu. Kanaafuu, qorataan yaada kana ka’umsa taasifachuun qorannoo kana gaggeessuuf kaka’umsa godhatee jira. Kanuma bu’uura taasifachuun qorannichi yeroo gaggeeffame gaaffilee armaan gadiif deebii kennee jira.

1. Gahee dubartoonni walhormaata keessatti qaban haala kamiin qoosaa Oromoo Maccaa keessatti calaqqise?
2. Gahee dubartoonni murtoo garagaraa kennuu keessatti qaban qoosaa Oromoo Maccaa keessatti akkamiin ibsame?

3. Malleen Qorannichaa

Qorannichi beeduubbee (paradaayimii) hiikaa bu'uureffachuun gaggeeffame. Sababni isaa, akka ilaalcha beeduubbee kanaatti dhugaan kallattii garagaraan hiika argachuu danda'a. Kana jechuun, hawaasa irratti hundaa'ee dhugaan bakka tokkotti sirrii ta'e bakka biraatti sirrii ta'uu dhiisuu mala. Qorannoo kana keessattis dhugaaleen jiran hawaasa qoosaa sana fayyadamu irratti xiyyeeffate. Kanaafuu, gaheen dubartootaa qoosaalee qorannoo kana keessatti ibsamani hawaasa kanaan ala baanaan haala biraan ibsamuu danda'u. Qorannichi saxaxa sanyaabsaa bu'uureffachuun gaggeeffame. Sababni isaa, xiyyeeffannoon qorannoo sanyaabsaa aadaa garee hawaasaa (afaan, aadaa, amantiifi ilaalcha) ibsu, hiikuufi xiinxaluudha. Qorattichis hawaasicha keessatti dhalatee waan guddateef afaan, aadaa, amantiifi ilaalcha hawaasichaa nihubata. Kanarraa kan ka'e, saxaxa kana fayyadamee qorannicha gaggeessee jira. Gosa qorannoo qorannicha keessatti dhimma itti ba'ame akkamtaadha. Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaadha. Maddi ragaa tokkoffaa kunis maanguddootaafi dardaran aanaalee qorannichi keessatti gaggeeffamedha. Aanaaleefi ragimtoonni marii garee xiyyeeffatamaa mala iddatteessuu akkayyootiin yoo filataman, afaaffiin mala iddatteessuu darbaa dabarsaan

filatame. Haaluma kanaan, aanaalee lama irraa ragaan funaanamee jira. Aanaaleen lamaan (Wallagga Bahaa- aanaa Guutoo Giddaafi Buunoo Beddellee- aanaa Beddellee) yoo ta'an, ji'a lamaaf (tokko tokkoo isaanii keessa ji'a tokko tokko) turuun ragaaleen funaanamanii jiru. Qorannoo kanaaf aanaalee filataman keessatti afaaffiin gamisaan caaseffamaa tokko tokkoo aanaalee irraa namoota afur afur (waliigala namoota 8) waliin taasisame. Marii garee xiyyeeffatamaas garee miseensota saddeet qabaniin (waliigala garee $2*8=16$) gandoota aanaalee filatamanii irratti turtii sa'aatii tokkoofi walakkaa hincaalleen gaggeeffame.

Malleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti hojiirra oolan marii garee xiyyeeffatamaafi afaaffii gamisaan caaseffamaadha. Malleen funaansa ragaalee kanneenitti dhimma ba'uun ragaaleen ragimtoota irraa sagaleefi suursagaleen funaanaman jalqaba gara barreeffamatti jijjiiramani. Achiin booda, akkaataa barbaachisummaa isaaniitti erga qoqqoodamanii xiinxalli taasisame. Malli xiinxala ragaalee qorannicha keessatti hojiirra ooles mala xiinxala ergaati. Yaadiddama qorannichi bu'uureffatee gaggeeffames yaadiddama feminiizimiidha.

4. Qaaccessaafi Dhiyeessa Ragaalee

Yaa Rabbii baasi lubbuu ishee

4.1. Gahee Walhormaataa

Anaaf naa dhiisi cubbuu ishee.

4.1.1. Gahee Dhaloota Fufsiisuu, Kununsuufi

(Madda: Girmaa Abbichuu).

Guddisuu

Gahee walhormaata dhaloota fufsiisuu jechuun sochiiwwan jireenya dhala namaa kunuunsuufi jiraachuuf barbaachisan hunda agarsiisa. Gaheen kun daa'imman godhachuu irraa eegalee hanga kununsanii guddisuutti deema. Hojiiwwan kunneen ijoolee horachuufi kunuunsuu, akkasumas, miseensota maatii dhukkubsataniifi maanguddoota kunuunsuu kan of keessatti hammatedha. Qoosaa Oromoo Maccaa keessattis dubartoonni gahee dhaloota fufsiisuu, ijoolee kunuunsuufi jireenya hawaasummaan guddisuu nicalaqqisa. Kunis haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

Qoosaa kana keessatti gahee walhormaataan walqabatee dubartiin haala gara garaan ibsamte. Haalota kanneen keessaa inni jalqabaa walhormaata dhaloota fufsiisuudha. Walhormaata dhaloota fufsiisuu keessatti dubartiin kan 'heerumtu' yookaan dhiirri kan ishee fuudhu waan lamaafidha. Isaanis, dhaloota fufsiisuufi hojii nyaata bilcheessuufidha. Walhormaata dhaloota fufsiisuu keessatti dubartiin heerumtee qe'ee abbaa manaa ishee dhufte daa'imman da'uun sanyii isaanii itti fufsiisuu qabdi. Kana jechuun, heerumnaan daa'ima da'uu qabdi. Sababni isaa, dubartiin daa'ima deessu abbaa manaa ishee, maatii abbaa manaa ishee, firootan isaafi ishee biratti kabajaafi ulfina qabdi (ጃበሳ፣1992). Kan hindeenye garuu abbaa manaan nibalfamti; hawaasaan fudhatama hinargattu. Balfamuufi fudhatama dhabuu irra darbee abbaa manaa isheetiin hanga hiikamuutti yookaan dubartii biraa irratti fuudhuutti deemuu dandeessi (Berhanu, 2015). Yaada kana qoosicha irraa hubachuun nidanda'ama. Toorri

Jirti niitiin jirti niitiin

Kan dhirsaaaf kafana footuu

Kan bishaan xabala gootu

Niitiin namaa waa lamaa

Tokko ishee durba deessu

Tokko ishee ilma deessu

Tokko ishee ganda joortu

Tokko ishee dhirsaa soortu

Jirti niitiin baalageen

Akka lafaan isin geessu

Barii kaatee afaan hinkeessu

Mataan ishee gumaa lama

Dhirsii ishee dhugaa qaba

Yaa cittoo nyaadhu hudduu ishee

“Niitiin namaa waa lamaa

Tokko ishee durba deessu

Tokko ishee ilma deessu” jedhu dubartiin

tokko heerumtee dhufnaan daa'ima dahuu

qabdi jedhamee amanama. Kana jechuun, ishee durba deessu yookaan ishee ilma deessuun ala dubartiin biraan haadha manaa (dubartii) jedhamtee hinfudhatamtu. Kanaafuu, dubartiin tokko heerumtee qe'ee abbaa manaa isheetti daa'imman dhiiraas ta'an dubaraa deenyaan abbaa manaa isheefi maatii isaa biratti, akkasumas, hawaasa naannoo biratti kabajaa qabdi. Hindeessu taanaan garuu abbaa manaan hinkabajamtu. Maatii isaafi hawaasaan fudhatama dhabdi. Kanarraa kan ka'e abbaan manaa ishee hiikee irratti fuudhuu danda'a. Kanaafuu, dubartiin maseena taate (dhala dhabduun) akka dubartiitti hinilaalamtu.

Gahee dhaloota fufsiisuu biraan afwalaloo qoosaa kana keessatti mul'atu dubartiin heerumte tokko daa'ima godhachuu qabdi ilaalcha jedhudha. Yaada kana afwalaloo qoosaa olii keessaa toorri

“Niitiin namaa waa lamaa,
Tokko ishee durba deessu,
Tokko ishee ilma deessu” jedhu ragaadha.

Keessumaa, toorri *‘niitiin namaa waa lamaa’* jedhu dubartiin tokko lamaan sana keessaa tokko ta'uu akka qabdu agarsiistuudha. Kanaaf, gahee dhaloota fufsiisuu keessatti daa'ima dahuu qabdi. Daa'ima dahuu dadhabnaanis irratti fuudhuu yookaan ishee manaa baasanii gara biraa fuudhuun hawaasa kana keessatti nimul'ata. Rakkoon akka kanaa yeroo mudatu dubartoonni mala malatu. Aadaa

Oromoo keessatti dubartiin tokko dahuu hindandeessu yoo ta'e abbaan manaa ishee daa'ima malee akka hinhafneef jecha akka inni haadha manaa biraa fuudhuuf eyyamti. Yeroo kana taasistu mirgi seera haadha manaa rakoo ta'uu isheef eegama. Daa'imni dubartiin abbaan manaa ishee fuudherraan jalqaba dhalatu/-ttu kan haadha manaa rakoo sanaa taati. Isheenis, akka dhala isheetti fudhattee guddifatti. Haadha manaa rakoo jechuun, dubartii jalqaba abbaa manaa isheetti heerumtee haadha qe'ee jedhamtee waamamtudha. Dubartiin akkasii maatii isaafi abbaa manaa ishee biratti kabajaa guddaa qabdi (ጃቤሳ, 1992). Haala kanaan gahee dhaloota fufsiisuu ishee ba'atti.

Gahee dubartootaa jalatti kan ramadamu keessaa inni biraan gahee kunuunsa maatiif taasisamudha. Miseensota maatii keessaa immoo tokko abbaa manaadha. Kanaafuu dubartiin tokko heerumnaan gahee isheetti jedhamee kan ramadamu keessaa tokko hojii kanadha. Qoosaa olii keessattis dubartiin abbaa manaa sooruu akka qabdu ibsamee jira. Abbaa manaa sooruun immoo gahee maatii kunuunsuu jalatti ramadama. Kanas qoosaa sana keessatti toorri:

“Kan bishaan xabala gootu...

Tokko ishee dhirsa soortu...

Barii kaatee afaan kan keessu...” akka ragaatti dhiyaachuu danda’u. Toorota kanneen keessatti dubartiin nyaata abbaa manaa isheef mi’eessitee qopheessuu akka qabdu hubachuun nidanda’ama. Yaada kanas toora “*Kan bishaan xabala gootu*” jedhu keessatti calaqqisee jira. Akkasumas, dhirsa sooruun hojii hawaasa keessatti isheef ramadame ta’uun qoodamee jira. Yaada kana toora “*tokko ishee dhirsa soortu*” jedhurraa hubatama. Dabalataan, toorri “*barii kaatee afaan kan keessu*” jedhu gahee hojii ramadameef keessaa yeroo isaa eegdee abbaa manaa ishee nyaachisuu yookaan kunuunsuu akka qabdu qoosicha irraa hubatama. Yaada kana Berhanu (2015) dhiirri tokko dubartii waan lamaaf akka fuudhu afoola Oromoo Maccaa bu’uureffachuun ibsee jira. Wantoota lamaan kana keessaa tokko qoonqoof akka ta’e dubbata. Kanaafuu, gahee dubartootni dhaloota kunuunsuu keessatti qaban keessaa abbaa manaa sooruun akka hojiitti qoodameefii kan jiru ta’uu isaa qoosaa Oromoo Maccaa keessatti nimul’ata.

Gahee walhormaataa keessaa inni biraan dhaloota guddisuudha. Guddisa daa’immanii keessatti gaheen dubartootaa olaanaa ta’uu isaa kan agarsiisu keessaa tokko amala dubartii yookaan haadhaa daa’imman ishee irratti calaqqisiisuudha. Haati amala gaarii qabaannaan daa’immanis akkasuma ta’u jedhamee amanama. Isheen amala badaa qabdi

taanaan isaanis akkasumatti guddatu. Kanaaf, guddisa daa’immanii jireenya hawaasummaa keessatti shoorri dubartii olaanaadha jechuun nidanda’ama. yaada kanas qoosaa armaan gadii keessatti mul’ata.

Haadha manaa namicha tokkoo boosettii taatetu jirti turte. Abbaan manaa ishee nyaata isheen hojjetuufitti guyyaa tokko gammadee hinbeeku. Jireenya waan ta’eef waan godhu dhabee waliin jiraata. Guyyaa tokko yeroo abbaan manaa ishee lafa hojiitti galu laaqana qopheessitee eegde. Laaqannichis marqaa ture. Abbaan manaa galee nyaanni dhiyaate. Isheenis, “baay’ee mi’aaya. Nyaadhu” jetteetti. Innis, “kan mi’aa isaa miti. utuu harka koorraa dhiqamee ba’eyyuu waan tokko” jedhe (Madda: Galataa Guunjee).

Dubartiin kun akkaataa barten kan isheen marqaa marqite. Marqaan isheen qopheessite garuu nyaataaf mijataa miti. Hawaasa Oromoo Maccaa keessatti immoo dubartiin tokko kan isheen ittiin madaalamtu keessaa nyaata abbaa manaa isheef mijatu qopheessuu danda’uunidha. Marqaan isheen qopheessite garuu haalaan waan hinhojjetamneef nyaataaf mitii harka isaa irraayyuu bahuu hindandahu. Kanaaf, abbaan manaa itti mufata. Qoosaa kana keessatti gahee dubartii kanaa tahee kan ibsame abbaa manaa

kununsuudha. Haala ta'uun abbaa manaa kunuunsuun hojii isaaniif kenname ta'ee ilaalama. Haala ta'uun kunuunsuu yoo dadhaban carraa abbaa manaa waliin walitti bu'uu bal'aa ta'e qabdi. Kanarraa kan ka'e, haati intalaa intalli ishee utuu hinheerumiin dura gosoota nyaata garagaraa haalaan hojjechuu akka shaakaltu taasisamti. Walumaagalattii, gahee dhaloota fufsiisuu, kunuunsuufi guddisuu keessatti gaheen dubartootaa olaanaa ta'uu hubachuun nidanda'ama.

4.1.2. Gahee Hojii Mana Keessaa

Dubartoonni gahee walhormaata dhaloota fufsiisuu, kunuunsuufi guddisuun alatti hojiilee mana keessaa hojjechuunis gahee isaanii akka ta'etti amanama (Lamb, 1987; Lorber & Susan, 1991). Hojiin kun kanneen akka nyaata qopheessuu, uffata miicuu, qoraan funaanuu, buna danfisuufi kanneen kana fakkaatan of jalatti hammata. Hawaasa keessatti hojiilee mana keessatti hojjetaman, hunda jechuun nidanda'ama, gahee dubartootaa gochuun qoodamanii jiru. Qoosaa Oromoo Maccaa keessatti hojiilee mana keessaarratti kanneen hirmaatan dubartootadha. Kunis haala armaan gadiin odeeffannoolee walitti qabaman irratti hundaa'uun dhiyaatee jira.

Dhiirsatu horiin eega jedhee haadha manaa dhiisee halkan godoo dallaa buluu eegale. Haati manaas gochaa

isaa kana keessa isheetti qummaaddee dhiifte. Guyyaa muraasa booda ciree ganama hojjetamuuf qopheessuu dhiifte. Gaafa tokko akkuma durii ciree nyaachuuf yoo manatti deebi'u cireen hinqophoofne. Innis "maaliif ciree hinqopheessine?" jedha. Isheenis, "boojjitoo ittiin hojjetamu fudhatee horii biratti kan gale si'i. Maaliin siif haahojjetamuree?" jette (Madda: Caalaa Abbaas).

Qoosaa Oromoo Maccaa keessatti gahee hojii dubartootaati jedhamee ibsamu keessaa tokko nyaata qopheessuudha. Akka qoosaa kanaatti dubartiin jirtu abbaa manaa isheef nyaata qopheessitee sooruun gahee hojii isheef qoodame ta'ee ibsamee jira. Ragaan kana agarsiisu yaadolee qoosaa sana keessa jiran keessaa "Gaafa tokko akkuma durii ciree nyaachuuf yoo manatti deebi'u cireen hinqophoofne. Yaada kana keessatti yeroo hundumaa ganama ganama cireen qophaa'ee akka isa eegu hubachuun nidanda'ama. Ciree qopheessuuf itti gaafatamummaa guddaa kan qabu immoo haadha manaa isaa ta'uu gaaffii inni "maaliif ciree hinqopheessine?" jedhu agarsiistuudha. Akkasumas, deebiin isheen "boojjitoo ittiin hojjetamu fudhatee horii biratti kan gale si'i. Maaliin siif haahojjetamuree?" jedhu gahee nyaata qopheessuu kan ishee ta'uuf ragaadha.

Kanaafuu, nyaata maatiif qopheessuun gahee hojii dubartootaa ta'ee qoosaa Oromoo Maccaa keessatti ibsama.

Gahee hojii guyyaa guyyaa dubartoonni raawwatan qoosaan Oromoo Maccaa ibsu biraan qoraan funaanuudha. Hojii kana qoosaan ibsu haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

Maatii tokkotu ture. Maatiin kunis ijoollee dhiiraa baay'eefi mucaa dubraa xiqqoo tokko qabu turani. Yeroo hedduu mucayyoon xiqqoon sun haadha isheetiin, "obboleettii naaf dahi" jetti ture. Haatis, "tole siifan dahaa" ittiin jetti. Utuu kanaan jiranii guyyaa tokko haati intala ishee fuutee laga qoraanii deemte. Haati sunis muka yaabbattee qoraan caccabsuutti kaate. Mucaayyoon xiqqoo sunis muka jala teessee asii ol ilaaltee boohuutti kaate. Haatis, "maal taate?" jetti. Mucaan, "ati na sobdee dubran daha naan jette mitii, innoo dhiiradha. Anoo areeda isaa argeeraa" jette. (Madda: Siraaj Garmaamaa)

Qoosaa kana keessatti gaheen hojii mana keessaa dubartoonni hojjetan taasisamee qoodame keessaa tokko qoraan funaanuudha. Dubartoonni hawaasa keessatti qoraan nyaata ittiin bilcheessan laga deemanii funaanu.

Gaheen hojii kun hawaasaanis ta'e dubartootaan amaleeffatamee sababii jiruuf akka hojii isaaniitti fudhatama. Qoosaa kana keessattis dubartiin jirtu mucaa ishee waliin ta'uun qoraan funaanuuf laga buute. Gahee hojii kana yeroo ba'aa jirtu kan daa'imni gaaffii gaafatte. Dabalataan, qoosaan itti aanee jirus qoraan (hurraa) funaanuutti dabalee mana (aannan) eeguu gahee hojii dubartootaa taasisee dhiyeessa.

Namicha haadha manaa isaa dhoksee mana keessaa aannan dhugu tokkotu jira. Yeroo hundaa haadha manaa isaa dhoksee aannan qabee keessaa dhugee fixuun ishee rakkise. Ta'us, gochaan isaa irratti hinbaramne ture. Haati manaas guyyaa tokko maaltu akka aannan ishee jalaa dhugee fixu baruuf jecha haadha ishee mana keessa dhoksitee deemte. Namichis akkuma amala isaa yeroo aannaan fudhatee dhuguu amaatiin argiteetu fuula dhokfattee "Adalichi aannan fixu si'i edaa?" jettee sagalee dhageessiste. Namichis naasuudhaan narratti barame jedheetu otoo namni isa hinargiin utaalee bahe. Achii dhokachuuf barsii atarii balbala dura afameeru keessa dugdaan ciise. Bakka inni ciise sanatti aduun waan itti baheef, nafsaaalli isaa ho'ee ka'uun

galabaa sana keessaan bahee mul'ata. Jaartiinis hurraa barbaacha osoo bakkee keessa deemtuu argitee "inni godaa durii fakkaatu kun eessaa dhufe?" jechuun of gaafachaa, achumatti irra gadi teesse. Booda achitti dhiistee ka'uu waan hinbarbaanneef fuudheen ol kaawwadha jechuun yeroo ol fuutu soddaadha. Amaatiinis, "ani adalicha aannan dhuge hinargine, atis nama godaa durii kanarra taa'e hinbeektu" jettee manatti seente (Madda: Daggituu Gammadaa).

Qoosaa kana keessatti gahee hojii mana eeguufi qabeenya mana keessaa (aannan) to'achuu kan dubartootaa ta'ee ibsame. Dubartiin (haati intalaa/amaatiin gurbaa) qoosicha keessatti ibsamte gahee mana eeguu irratti hirmaattee jirti. Akkasumallee aannan elmame wanta dhugee fixu hordofuu irratti bobbaatee jirti. Keessumaa, hawaasa Oromoo Maccaa keessatti dubartoonni umriin raagan hojii mana eeguu irratti hirmaatu. Sababni isaa, umriin waan deemaniif qaamni isaanii socho'ee hojiilee garagaraa hojjechuuf itti ulfaata. Kanarraa kan ka'e, hojiilee naannoo manaa akka hojjetan taasisamu. Hojiilee kanneen keessaa immoo kan qoosaa olii keessatti eerame hojii hurraa funaanuu, mana eeguufi aannan eeguurratti hirmaachuudha.

Gahee hojii dubartootaa qoosaa Oromoo Maccaa keessaatti ibsame biraan gabaa deemanii wanta manaaf barbaachisu bituudha. Yaadni kun qoosaa armaan gadii keessatti calaqqisa.

Namni tokko haadha manaa fuudhee gabaa dhaqanii dhaabatu. Isheen gabaa keessaa waan manaaf ta'u bibbitatti. Namichis hiriyyaa isaa waliin handaara dhaabatu. Achiis, inni fuudheeru sun "Uu argitaa ishee magaala sana" jedha. Hiriyyaa jaallatutti agarsiifata. "Argoo" jedha hiriyyaan isaa. "Galgala egaa qalloo keetu maratee rafa ishee" jedha. Niitii agarsiifata (Madda: Abbaatuu Xaalboo).

Qoosaa kana keessatti dubartiin jirtu hojii gabaa deemanii waan manaaf tajaajilu bituu yeroo hojjetu argamti. Akka qoosaa kanaatti dubartiin kana abbaa manaatu dabaalee gabaa geesse. Gabaa haageessuyyuu malee hojii isheen hojjetaa jirtu irratti waliin hinhirmaanne. Yeroo isheen gabaa keessaa bibbittutti inni hiriyyaa isaa waliin handaara gabaa dhaabatee waa'ee ishee odeessa. Kana irraa wanti hubatamu hojii gabaa keessaa wantota manaaf tajaajilan bibbituu hojjechuu kan dhuunfatee hojjetu dubartoota ta'uu isaaniiti. Hawaasa keessatti dhiironni hojii akkasii hinhojjetan. Abbaan warraa ishee ilaalcha kanaan waan guddateef handaara

gabaa dhaabatee eega. Sababni isaa, waan manaaf ta’u dubartootatu beeka jedhamee amanama. Akkasumas, wanti bitamu kun hojii alawaadaa keessatti raawwatamu waan ta’eef dhiirri wanta alawaadaaf ta’u bituu hinqabu jedhamee amanama. Qoosaan itti aanee jirus keessattis namoonni umriin deeman hojii kaan caalaa (meesii meesuu) gabaa deemuu akka filatan agarsiisa.

Jaarsaafi jaartiitu waliin taphataa turan.

Utuu taphatanii jaarsi jaartiidhaan gaaffii gaafata.

Jaarsa: “Gabaa dhaqxaa?”

Jaartii: “Nan sussuka”

Jaarsa: “Marqaa nyaattaa?”

Jaartii: “Nan dhukdhuka”

Jaarsa: “Meesii meestaa?”

Jaartii: “Lakki abbaa koo dugdat na dhukkuba” jettee deebisteef jedhan.

(Madda: Jorgee Jiraa)

Qoosaa kana irraa akka hubatamutti dubartoonni hojii mana keessaa irratti bal’inaan hirmaatu. Kanas yaada jaartiin qoosaa kana keessatti dubbatte irraa hubatama. Jaartiin kun nyaata qopheessuufi gabaa deemtee wanta manaaf barbaachisu bituu yookaan gurguruu hojjechuu barbaaddi. Haata’u garuu, hojii manaan ala jiru irratti hirmaachuuf sababa dhiyeessiti. Sababni isheen dhiyeessitu dulloomuu ishee irraa kan

itti dhufe akka ta’e yaada dhokataa qoosaa kanaa irraa hubachuun nidanda’ama. Sababni isaa, dhiirotas ta’an dubartootni yeroo dullooman dugdi gad jedhanii ol jechuuf nama rakkisa. Kanaafuu, dubartoonni umriin yoo deeman hojii manaan alaa hojjechuu irratti hirmaachuu caalaa hojii mana keessaa filatu. Walumaagalatti, qoraan funaanuu, mana eeguu, gabaa deemuufi kanneen kana fakkaatan gahee hojii dubartootaa akka ta’etti qoosaa Oromoo Maccaa keessatti ibsamee jira.

4.2. Gahee Murtoo Kennuu

4.2.1. Gahee Dubartootaa Murtoo Gurguddoo Irratti

Dubartoonni jireenya dhuunfaafi hawaasummaa isaanii keessatti murtoowwan adda addaa yeroo murteessan mul’atu. Murtoowwan murtaa’anis jireenya isaani, maatiifi hawaasa keessa jiraatan jijjiiruus balleessuus danda’a. Murtoon isaan murteessan keessaa kanneen gurguddoo jedhamuun eeraman barnoota, hojii, mana jireenyaa, qabeenya, dinagdeefi kanneen kana fakkaataniin walqabataniin jiranidha. Qoosaa Oromoo Maccaa keessattis dubartoonni murtoo gurguddaa jedhaman irratti haala kamiin akka hirmaatan haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

Namichatu haadha manaa isaa waliin jiraata ture. Wanta hojjetu hundumaa ishee dhoksa. Gaafa tokko akkuma amala isaa daawitii bitateen ganama of

ilaalee gara hojii isaa deema. Jaartiin isaas, wanti inni dhoksu kun maali laata jechuun fuutee gaafa ilaaltu dubartii bareedduu tokko argite. Kana booda, edaa abbaan manaa koo dubartii kana argee na jibbuu jalqabee jechuun amaatii ishee jaarsummaa waammatte. Daawitii itti kenninaan jaartii dulloomtuu argite. Kana booda, ilma isheetiin waamtee maal ilma koo jaartii dulloomtuu kanaaf jettee haadha manaa kee jibbitaa? Safuudha! Jechuun ilma isheetti dheekkamte
(Madda: Iteenuu Galataa)

Qoosaa kana irraa kan hubatamu, mirgi murtoo gurguddaa dubartoonni murteessuuf qaban keessaa wanta abbaan manaa isaanii hojjetu beekuun irratti hirmaachuu dhabuudha. Kana jechuun, abbaan manaa ishee wanta hojjetu hundaa sababii ishee dhoksuuf mirga isa waliin mariiyattee murtoo murteessuu dhorkamtee jirti. Yaada kanaaf ragaan qoosaa sana keessaa hima “*Wanta hojjetu hundumaa ishee dhoksa*” jedhudha. Hima kanarraa akka hubatamutti abbaan manaa hojii hojjetu hundaa ifatti itti hinhimu. Wanta hojjetu hundaa nidhoksa. Kun immoo jireenya isaanii keessatti gahee murtee isheen qabdu daangessee isa qofaa goobsee mul’isuu danda’a. Gahee murtoo gurguddoo jedhamuun kanneen eeraman keessaa tokko abbaan

manaafi haati manaa mariiyatanii mana tokko waliin gaggeessuudha. Lamaan isaanii mirga murteessuu walqixa qabaatanii wal hoogganuu ture. Qoosaa kana keessatti garuu yaadni kun hinmul’atu. Mirgi murtee kennuu abbaa manaa caalee kan haadha manaa gadbu’ee argama.

Jireenya abbaa manaafi haadha manaa keessatti immoo lamaan isaanii wanta hojjetan ifatti walitti hinhiman taanaan shakkiitu uumama. Shakkiin jirummoo gara waldhabdee biraattii geessuu mala. Wanta hojjetu ishee dhoksuu isaarraa kan ka’e haati manaa isaa mirga wanta inni raawwatu isa gaafattee hubachuu akka hinqabne amantee waan fudhatte fakkaata. Yaada kanaaf raga kan ta’u immoo ofii ishee gaafachuurra haadha isaatti wanta ishee mudate amaatii isheetti ibsachuudha. Kanas “*“edaa abbaan manaa koo dubartii kana argee na jibbuu jalqabee?” jechuun amaatii ishee jaarsummaa waammatte*” yaadni jedhu ragaadha. Dubartiin kun kan gochuun isheef malu wanta inni raawwatu isa gaafachuu ture. Mirga wanta inni raawwatu gaafattee hubachuun jireenya ishee fuulduraa sirreessuu yookaan murtee kennuu akka hinqabne amantee waan fudhatte fakkaatti. Sababni isaa, wanta inni raawwatu ifatti isa gaafattee hubachuurra amaatii ishee jaarsummaa waammatti. Kanaafuu, murtoowwan gurguddoo jiruufi jireenya isaanii keessatti bu’aa eeyyentaas ta’e hi’entaa qabu falmanii

murteessuu irratti gaheen dubartootaa gad aanaa ta'uu qoosaa kanarraa hubachuun nidanda'ama.

Qoosaan biraa mirga murtoo kennuu dubartootaa daangessu keessaa tokko kan armaan gadiiti.

Dur haati manaa abbaan manaa akka ishee faayee mul'isu barbaaddi. Yaada kana yeroo baay'ee irra deddeebiin gaafannaan didee jira. Gaafa tokkos yaada ishee murtoo dhumaa fakkaatu akkas jechuun ibsiti.

“Namichi koo na dhaga'aa?

Dibichi gurree na ga'a,

Qucbalii uffadheen buna danfisa,

Jeersii uffadheen fira dubbisa,

Yookaan jeersii dhaqnaan na ga'i,

*Yookaan geessi warraan na ga'i”,
yeroo jettu*

*Abbaan warraa duraanuu gochaa
isheetti aarii qabu immoo deebisee,*

“Jeersiin kee bara eger moofaa

Jabbiin koo bara eger oofaa

Anoo jeersii dhaqnaan sin ga'u,

Dargiin geessee warraan si haaga'u,

Kanan jeersii bitee sokoksiisu,

Reettii bitee hinoboksiisu” jedhe.

(Madda: Abbaatuu Xaalboo)

Qoosaa kana keessatti murtee gurguddoo kennuu keessatti gaheen dubartootaa gad bu'ee argama. Dubartiin qoosicha keessatti ibsamte mirga qabeenya mana keessaa jiru murteessuu irratti qabdu sarbamtee jirti. Yaada kanaaf ragaan toora “*Dibichi gurree na ga'a*” jedhudha. Murteewwan gurguddoo keessaa tokko mirga qabeenya irratti murteessuudha. Haati manaa mirga qabeenya walaan qabanitti ajajuu ykn irratti murteessuu qabaachuu qabdi ture. Haata'u garuu, qoosicha keessatti mirga qabeenya ishee irratti murteessuu sababii hinqabneef eeyyama abbaa manaa gaafatti. Kana jechuun, mirga beelada sana irratti ajajuu qabdu daangeffamaa sababii ta'eef eeyyama isaan gurguramee wanti barbaadde akka raawwatuuf gaafatti. Itti gaafatamummaa isheen qabeenya waliin horatan irratti murteessuu dhabuun ilaalcha hawaasaa irraa dhufe. Kun ilaalcha hawaasichi dubartiin qabeenya to'achuus ta'e irratti abboomuu hinqabdu jedhurraa madda. Kanaafuu, dubartoonni mirga murtoo gurguddaa irratti hirmaachuu irraa dhorkamuu qoosaa kanarraa hubachuun nidanda'ama.

4.2.2. Gahee Dubartootaa Murtoo Xixiqqoo Irratti

Murtoowwan xixiqqaa kanneen jedhaman gosa nyaataa ciree, laaqana, askutiifi irbaata irratti

nyaatamuu qabu, meeshaa nyaanni itti qophaa’u yookaan dhiyaatu, uffata akkamii uffachuu akka qaban, yeroo gabaa deemaniifi kanneen biroo hammata. Dubartoonnis qoosaa Oromoo Maccaa keessatti gahee murtoo xixiqqaa qaban maal akka fakkaatu haala armaan gadiin dhiyaatee jira.

Abbaa manaafi haadha manaa walitti inaafantu turan. Galgala haati mana “ka’een diida ba’ee deebi’a” jetti. Abbaan manaa, “turi miila keettin funyoo dhayadha” jedha. Jennaan luka isheetti funyoo dhayatee gadi dhiisa. Isheen ishee gadi baatee luka ishee irraa funyoo hiiktee hudduu mooyyeetti hiitee dhiira biraa beellamatte sana bira dhaqqeetti. Abbaan manaas eegge dadhabnaan funyoo gottote. Haati manaas “xixiqqoo turi abbaa manoo hindhiqanneem ammayyu” jette
(Madda: Fayyisaa Amansiis).

Gahee murtoo xixiqqaa jedhamuun beekaman keessaa tokko murtoo yeroo barbaadanitti qulqullina qaama ofii eeggachuudha. Gochaalee akkasii raawwachuuf eeyyama nama kamiiyyuu gaafachuun hinbarbaachisu. Dubartiin qoosaa kana keessatti ibsamte garuu eeyyama abbaa manaa ishee malee bakkee baatee qulqullina ishee eeggachuu akka hindandeenye hubachuun nidanda’ama. Gadi ba’uuf kan karoorfate dhiqachuuf ta’uu

baatuuyuu abbaa manaa isheerraa eeyyama hinarganne. Abban manaa akka isheen baatee hindhiqanne taasisuun mirga qulqullina dhuunfaafi maatii murteessuu dubartoonni qaban sarba (Raju, 2021). Kana jechuun, dubartoonni hawaasa keessatti mirga gochaa sirriis ta’u dogoggoraa of ta’anii murteessuu akka hinqabne hubachuun nidanda’ama.

Qoosaan biraa dhimma murtoo kennuu dubartootaa sarbu mirga isaan uffata barbaadan uffachuu akka hinqabne dhorkudha. Yaada kana qoosaa murtoo gurguddoo kennuu jalatti dhiyaate jalaa lammaffaa irratti argamu keessatti mul’ata. Dubartiin qoosaa kana keessatti mul’attu qucbalii uffattee fira dubbisuu, jeersii uffattee buna danfisuu barbaaddi ture. Haata’u garuu abbaan manaa mirga waanta barbaadde uffattee fira dubbisuufi buna danfisuu qabdu murteeffachuu akka hindandeenye daangessa. Uffata isheen barbaaddu (*qucbaliifi jeersii*) isheef bituu caalaa jibicha sana gabbisee bara dhufu ittiin qotuu yaada. Akkasumas, isheef jeersii bituu manna reettii bitee hobobsiisuu akka filatu ibsa. Yaadni akkasii mirga dubartoonni ofii isaanii wanta barbaadan filatanii of faayuu irratti murtoo qaban sarbee jira jechuun nidanda’ama.

Dubartoonni murteewwan xixiqqoo garagaraa irratti gahee murtoo kennuu dhabuu qofaan hawaasa keessatti hinibsamani. Hojiilee

garagaraa irratti murtoo yeroo kennanis nimul'atu. Keessumaa, gosa nyaataa abbaan manaa, maatiin, ijoolleefi fiironni nyaatan qopheessuu, yeroo isaan itti nyaatan irratti murtoo kennuu danda'u (Kapur, 2019). Yaada kana qoosaa gahee walhormaataa jalatti dubartii dhiyaatte ilaaluun nidanda'ama. Qoosaa sana keessatti dubartiin dhiyaatte nyaata abbaan manaa ishee laaqana irratti nyaachuu qabu filuun qopheessitee jirti. Nyaanni isheen qopheessite yeroo sanatti nyaatamuufi nyaatamuu dhabuun yookaan haalli qophii nyaatichaa kaamettummaa isheen walqabatee ka'uu mala. Ta'us, gosa nyaataa yeroo sanatti abbaan manaa nyaachuu qabu murteessitee jirti. Kanarraa kan ka'e, dubartoonni murtee xixiqqoo keessaa nyaata abbaan manaa isaanii nyaachuu qabu murteessuu irratti nihirmaatu jechuun nidanda'ama.

Walumaagalatti, dubartoonni mirga murtoowwan gurguddoo kennuu irratti gahee olaanaa akka hinqabnetti qoosaa Oromoo Maccaa keessatti ibsamani. Murteewwan xixiqqoo keessaa immoo yeroofi haala barbaadaniin qulqullina eeggachuufi uffata barbaadan filatanii bitachuun uffachuu irratti gaheen isaanii daangeffamus gosa nyaataa abbaa manaa, ijoollee, maatiifi kanneen kana fakkaataniif barbaachisan murteessanii qopheessuu irratti gahee olaanaa qabaachuu

qoosaa Oromoo Maccaa irraa hubachuun nidanda'ama. Loogiiwwan koornayee akkasii guddina hawaasummaa, siyaasaafi dinagdee irratti dhiibbaa geessisu. Olaantummaa dhiirotaa dagaagsanii dubartoota daangaa murtaa'e keessatti dhorkuu. Kanaafuu, dubartoonni akkuma dhiirotaa gahee murtee kennuu keessatti qixa hirmaachuun loogii kana hambisuu danda'a.

Goolaba

Qorannoo kana keessatti gahee dubartootaa qoosaa Oromoo Maccaa keessatti calaqqisiisutu ragaalee sassaabame bu'uureffachuun xiinxalame. Xiinxala taasisameenis yaadoleen armaan gadii adda ba'anii jiru. Yaadolee adda ba'an keessaa kan jalqabaa, walhormaata dhaloota fufsiisuu, kunuunsuufi guddisuudha. Dhaloota fufsiisuun walqabatee dubartootni daa'imman dhiiraas ta'an dubaraa dahuun dhaloota fufsiisuu qabu jedhamuun hawaasichaan amanama. Dhaloota kunuunsuun keessatti gaheen dubartootaa daa'immaniifi maatii maraaf kunuunsa barbaachisu taasisuudha. Kunis nyaata haala garagaraan maatiif qopheessuun sooruudha. Akkasumas, guddisa daa'immaniin walqabatee haala safuu hawaasaa waliin deemuun daa'imman guddisuu keessatti gaheen isaanii olaanaa ta'uu hubatamee jira. Dabalataan, hojiilee mana keessaa dadhabsiisoo nuffisiisoo ta'an kanneen akka nyaata qopheessuu, gabaa deemuu, qoraan funaanuu,

mana eeguufi kanneen kana fakkaatan hedduu gahee hojii dubartootaa taasisanii ilaaluun qabxii qorannoo kanaan adda baafamanidha. Haalonni kunneen hundi isaanii mirga dubartoonni dhiirotaa waliin qaban irratti dhiibbaa guddaa geessisa. Dabalataan, hojiilee mana keessaa dadhabsiisoo fi nuffisiisoo ta'anii gatiin isaanii hintilmaamamne dubartootaaf ramaduunis humna isaanii qisaasessuudha. Kanaafuu, dhiironni akkuma dubartootaa hojiilee mana keessaa: nyaata qopheessuu, mana eeguu, gabaa deemanii wanta manaaf tajaajilu bituu, qoraan funaanuufi kanneen biroo irratti utuu hirmaatanii gaarii ta'a.

Yaadni biraa qorannoo kanaan hubatame, murtoo kennuun walqabatee gahee dubartoonni qabanidha. Haaluma kanaan, dhiibbaa hawaasummaa dubartoota irra jiru irraa kan ka'e murtoowwan gurguddaattii hanga xixiqqaatti yeroo isaan dhiibaman nimul'ata. Kunis mirga qabeenya maatii irratti ajajuutii eegalee hanga wanta uffatan filachuu dadhabuu, qulqullina ofii eeggachuu dhabuutti deema. Kana jechuun, yeroo barbaadanitti murtoo barbaadan fudhachuu hindanda'an. Gochoonni akkasii dhiirota olaantota taasisee dubartootammoo isaan jalatti hacuucamanii akka bulan godha. Kanaafuu, dubartoonni akkuma dhiirotaa murtoowwan gurguddoo ta'an xixiqqoo irratti wal qixa utuu hirmaatanii bayeessa.

Wabiilee

- Alharthi, A. (2016). *Challenges and Strategies of Subtitling Humour: A Case Study of the American Sitcom Seinfeld, with Particular Reference to English and Arabic*. (Unpublished PhD Thesis), University of Salford, Salford, UK.
- Ashenafi Belay & Sena Gonfa (2017). Symbolic Representation of Nature and Women in Oromo Oral Narratives. *International Journal of Sciences: Basic and Applied Research (IJSBAR)*. Volume 36, No 1, pp130-153.
- Ayehu Bacha & Lenin Kuto (2019). Women and Men in Arsi Oromo Proverbs: An Implication for Gender Equality. *Kafa'ah Journal*. 9 (1), pp 74-86.
- Berhanu Bekele (2015). *Gender Roles and the Society's Perception of Women in Macha Oromo Verbal Arts: A Feminist Approach*. PhD Dissertation. Addis Ababa University.
- Dereje Haile (2019). A Thematic Analyses on the Oromara Discourse as Reflected in Gender Related Proverbs. *International Journal of Current Research*. Vol. 11, Issue, 10, pp.7618-7626.
- Eshete Gameda. (2008). African Society and the Egalitarian Values: Oromo Folklore Literature and Cultural Studies in a Cotemporary Context. PhD Dissertation.

- Syddansk Universitat: Institute for Littaratur, Kultur OG Medier.
- Fajarwatia, A., Meia, W., Hasanatia, S. & Saria, M. (2016). The productive and reproductive activities of women as form of adaptation and post-disaster livelihood strategies in Huntap Kuwang and Huntap Plosokerep. *Procedia - Social and Behavioral Sciences* 227, 370 – 377.
- Freud, S. (1905). *Jokes and their relation to the Unconscious*. London: Pelican.
- GLOPP / ILO. (2008). ILO International Training Centre, Module on Gender, Poverty and Employment.
- Hetzron, R. (1991). On the structure of punch lines: Humor. *International Journal of Humor Research*. 4 (1), 61-108.
- Kapur, R. (2019). Participation of Women in the Decision-Making Processes. Retrieved from <https://www.researchgate.net/publication/331020160>
- Lamb, D. (1987). *The Africans*. New York: Random House.
- Lee, J. (2015). Chinese Proverbs. How are Women and Men Represented? *Multidisciplinary Journal of Gender Studies*. 4(1), 559-585. Doi: 10.4471/generos.2015.47.
- Lorber, J. & Susan, A. (1991). *The Social Construction of Gender*. New York: Sage Publications.
- Martin, R. (2007). *The psychology of humor: an integrative approach*. Oxford: Elsevier Academic Press.
- Masowa, A. (2016). Gender and Humour: Complexities of Women's Image Politics in Shona Humorous Narratives. PhD Dissertation. University of Cape Town.
- Ndungo, M.C. (1998). Images of Women in African Oral Literature: A Case of Gikuyu and Swahili Proverbs. PhD Dissertation.
- Ndungo, M. C. (2006). The Image of Women in African Oral Literature: A Case Study of Gikuyu Oral Literature. *Organisation for Social Science Research in Eastern and Southern Africa: Ethiopia*. No. 23, pp 1-80.
- Nilsen, A. P. (1994). In defence of Humour. *College English*, 56 (8), 928-933.
- Paul, J. & Russo, E. (2017). Decision-making. Palgrave Macmillan. Retrieved from: <https://www.researchgate.net/publication/320042464>
- Plester, B. (2016). *The Complexity of Workplace Humour: Laughter, Jokers*

Tewoodroos A. fi Kb

Joornaalii Dilbii, Amajjii-Waxabajji 2025, 3(1): 22-41

and the Dark Side of Humour. Switzerland: Springer International Publishing.

Raju, K.C. (2021). Role of Women in Decision Making in Household Chores. *Voice of Teacher*. Vol. 6, No. 1, 125-132.

Sikod, F. (2006). Gender Division of Labour and Women's Decision-Making Power in Rural Households in Cameroon." CODESRIA. *Africa Development*, Vol. XXXII, No. 3, 2007, pp. 58-71 © Council for the Development of Social Science Research in Africa, 2007 (ISSN 0850-3907)

Solomon Berhane (2015). The Portrayal of Women in Tigrigna Proverbs and Proverbial Expressions: The Stereotypical Beliefs and Behavioral Tendencies. *Inter. J. Eng. Lit. Cult.* 3(6): 183-189.

Tadesse Jaleta (2019). Contesting Images of Womanhood: The Narrative Construction of Gender Relations in Ethiopia. *African Studies Quarterly*. 18 (3).

UNDP (2003). Human Development Report 2003. Kathmandu: United Nations Development Program Org.

ጃቤሳ እጁታ (1992):: የኦሮሞ ብሔር አጭር ባህልና ታሪክ::